

## **Qajeelfama Bulchiinsa Qorumsa Daree Kutaalee 1 -12**

Biiron Barnootaa Oromiyaa bu'uura Labsii Qaamolee Raawwachiistuu Mootummaa Naannoo Oromiyaa irra deebiin gurmeessuu, aangoofi hojii isaanii murteessuuf bahe Labsii Lakk. 199/2008 keeyyata 74, keeyyata xiqqaa 3 tiin aangoo kennameefiin qajeelfama kana baasee jira.

### **Kutaa Tokko**

#### **1. Haala Waliigalaa**

##### **1.1. Seensa**

Qorumsi qulqullina barnootaa mirkaneessuu keessatti ga'ee olaanaa qaba. Qorumsi barreeffamaan, jechaan yookaan gochaan kan kennamu ta'ee murtii kennuuf gargaara. Qophiifi soroorsi qorumsaa erga raawwatee booda xiinxalli isaa of-eeggannoon gaggeeffamuu barbaada. Qorumsa dadhabaafi amansiisaa hin taaneen hiikni kan itti kennamu yoo ta'e, qulqullinaan barumsa kennuufi hordoffii barattoonni taasisan agarsiisuu hin danda'u. Kanaafuu, rakkoo akkanaatiif furmaata kennuuf hojicha qajeelfamaan raawwachuun barbaachisaa ta'a.

Qajeelfamni raawwii bulchiinsa qorumsa daree kun haala qorannoo JBAH qorumsaaf qoratame irratti waan hundaa'eef raawwwiin hojii qorumsichaafi darbiinsi barattootaa kutaa tokko irraa gara kutaa itti aanutti qulqullina akka qabaatu ni taasisa jedhameeti amanama. Walumaa galatti adeemsa hojii qorumsa daree haala bifa sirna qabeessa ta'ee fi rakkoo qunnamaniif furmaata kennuu dandeessisun hojii irra akka oolu taasisuun barbaachisaa ta'ee waan argameef qajeelfamni kun qophaa'eera.

Qajeelfamni bulchiinsa qorumsa daree kun darbiinsa qorumsa daree kutaa 1<sup>ffaa</sup> irraa kaasee hanga kutaa 12<sup>ffaa</sup>atti of keessatti ni hammata. Darbiinsi qorumsa Naannoo (kutaa 8<sup>ffaa</sup>) fi qorumsa biyyoolessaa (kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi kutaa 12<sup>ffaa</sup>) addatti kan ilaalamu ta'a. Darbiinsi qorumsa Naannoo (Kutaa 8<sup>ffaa</sup>) murtii BBOOn bara sana kennuun raawwata. Darbiinsi qorumsa biyyoolessaa kutaalee 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> ammoo murtii Ministeerri Barumsaa bara sana murteessuun raawwata.

Qajeelfamni bulchiinsa qorumsa daree kun kutaalee sadii qaba. Kutaan tokko haala waliigala qajeelfamichaa agarsiisa. Kutaan lama qophii fi bulchiinsa qorumsa daree ibsa. Kutaan sadii ammoo qabxii darbiinsaa qorumsa daree agarsiisa. Walumaagalatti, hojiiwwan ijoo raawwii qorumsa daree agarsiisan qajeelfama kana keessatti hammatamaniiru.

## 1.2. Mata Duree Gabaabaa

Qajeelfamni kun "**Qajeelfama Bulchiinsa Qorumsa Daree Kutaalee 1 - 12**" jedhamee waamamuu ni danda'a.

## 1.3. Hiika Jechootaa

1. **BBO:** Biiroo Barnoota Oromiyaa
2. **GMBB:** Gamtaa Maatii Barattootaa fi Barsiisotaa
3. **JBAH:** Jijjiirama bu'uraa adeemsa hojii
4. **Madaallii:** Dandeettii barattootaa beekuuf safartuu agarsiisuu dha.
5. **Mana barumsaa:** manneen barnootaa mootummaa, dhuunfaa, uummataa, amantiifi mit-mootummaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> fi 2<sup>ffaa</sup> Naannoo Oromiyaa keessatti barumsa kennan hunda ilaala.
6. **Qorumsa:** meeshaalee qulqullinni barnootaa ittiin eegamuu fi barattoonni barumsa barachaa jiran ammam akka hordofan, jijjiirama amalaa hagam akka horatan kan agarsiisuu dha.
7. **Qorumsa daree:** barsiistoota manneen barnootaa sadarkaa adda addaa keessatti barsiisaa jiraniin kutaa itti barsiisaniin qorumsa qophaa'ee kennamuu dha.
8. **Qorumsa Moodeelaa:** Qorumsa gahaumsi, yeroon, qophiifi kenniinsi isaa qorumsa naannoofi biyyooleessaa wajjin walffakkkaatu sadarkaa naannootti qopha'ee kutaalee: 8<sup>ffaa</sup>, 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaaf</sup> kan kennamuudha.
9. **Qoraa:** ogeessa daree qorumsaa keessatti qorumsa qophaa'ee qoratamtootaaf kennuu dha.
10. **Madaallii Walitti Fufaa:** Madaalliin walitti fufaa barsiisonni kutaa keessattifi al-idileen beekumsa, hubannoo, dandeettii fi ogummaa

barattoonni gonfachuu qaban haala walitti fufiinsa qabuun meeshaa ittiin madaalaa deemanidha.

11. **Madaallii Xumuraa:** Madaalliin xumuraa xumura mata duree barnootaa, xumura boqonnaa barnootaa, xumura samisteeraa fi xumura waggaa irratti qorumsa kennamu dha.

#### 1.4. Ibsa Koornayaa

Qajeelfama kana keessatti dhimoonni yookaan jechoonni koornayaa dhiiraatiin ibsaman hundi dubartiis ni ilaallatu.

#### 1.5. Kaayyoo Qajeelfamichaa

- Qorumsi daree akkamitti akka kennamuu fi naamusa qorumsaa kabachiisuu irratti madda rakkinaa fi furmaata kennamuu qabu irratti qaamoonni raawwatani fi raawwachiisan hubannoo walfakkaatu qabaatanii hojiirra akka oolchan gochuuf.
- Darbiinsi qorumsa daree haala akkamiitin akka raawwatu ogeeyyiin barnootaa fi barsiisonni hubannoo isaanii cimsatanii haala barbaachisuun akka raawwatan ta'ee sirni to'annoo ragaa barnootaa akka cimu gochuuf.
- Ragaalee qorumsa daree akkaata qulqullina qabuun haqaa fi laaqaa tokko malee haala ammayyaa'aa ta'een dhimmoota barbaachisaniif akka oolan gochuuf.
- Garaagarummaa raawwii bulchiinsa qorumsa daree irratti godinaa fi godina, aanaa fi aanaa, mana barumsaa fi mana barumsaa jidduu jiru hambisuuf.

#### 1.6. Barbaachisummaa Qajeelfamichaa

Adeemsa raawwii qorumsa daree ilaalchisee yeroo dheeraaf qajeelfamni qorumsa daree Afaan Naannootiin qophaa'e BBO, waajjiraalee barnoota godinaa, bulchiinsa magaalaa fi waajjiraalee barnoota aanaa fi manneen barnootaa keessa haala seera qabeessa ta'een waan hin jirreef, qajeelfama kana qopheessuun hojii irra akka oolu gochuun barbaachisaa ta'ee argameera. Haaluma kanaan qajeelfamni kun:

- Garaagarummaa raawwii bulchiinsa qorumsa daree manneen barnootaa jidduu jiru ni hambisa
- Hubannoo fi eeggannoo qoratamtoonni fi qortoanni qormaata daree irratti qaban ni guddisa; ni cimsa.
- Qulqullinnii fi ramaddiin qortoota daree ni eegama.
- Qulqullinnii fi kenni ragaa barnootaa ni mirkanaa'a.

### **1.7. Daangaa Raawwii Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni kun manneen barnootaa sadarkaa tokkoffaa fi sadarkaa lammaffaa Naannoo Oromiyaa hunda keessatti hojiirra kan oolu ta'a.

## **Kutaa Lama**

### **2. Qophiifi Bulchiinsa Qorumsaa**

#### **2.1. Qophii Qorumsa Daree**

- Madaalliin barattoota kutaa 1 – 4 keessatti baratan qaamaan, sammuufi hawaasummaan guddachuu isaanii haala mirkaneessuun gaggeeffama. Barattoonni yeroo yerootti kan madaalaman yoo ta’u, jijjiiramni amalaa isaan agarsiisan portifooliyoo qophaa’ee tajaajila madaalliif oolu irratti galmaa’uu qaba.
- Barattoota kutaa 5<sup>ffaa</sup> fi isaa ol jiraniif haaluma sadarkaa kutaa isaanitiin madaallii walitti fufaa fi qorumsi daree qophaa’ee ni kennama.
- Qorumsii fi madaallii walitti fufaan kan qophaa’an barsiistota gola sana barsiisaniin yoo ta’u, bakka barsiisonni adda addaa gola walfakkaatu barsiisanitti gosa barnootaa barsiisan geengoon qulqullina barnootaa muummeetiin mariin qorumsa ni qopheessu. Qorumsiifi madaallii walitti fufaan qophaa’an immoo muummee barnootaa jala jiranitti dhiyaatanii erga mirkanaa’anii booda ni kennamu. Qorumsoonni moodeelaa kutaalee: 8<sup>ffaa</sup>, 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> sadarkaa BBotti qophaa’anii manneen barnootaatiif ni kennamu. Firiin isaanitis kan qabatamu ta’ee firii qorumsa kutaaleefi madaallii walitti fufaatti erga ida’amee booda friin waliigalaa 100% keessaa qabama.
- Qorumsa barsiisaan qopheesse geengoon qulqullina barnootaa muummee madaalee fooyyessuu ni danda’a.
- Qorumsi barattootaaf kennamu xiyyeeffannaa doomeeni hubannoo irratti hundaa’ee haala amala barnoota kennamuutiin qophaa’ee kennamuu qaba.
- Qorumsi qophaa’u akkaataa ga’umsa barachuu isa barbaadamuu irratti xiyyeeffatee domeenii hubannoo keessaa yoo xinnaate kaayyoo sadii irratti hundaa’e haala gabatee tarreeffama qajeelfama waliigalteetiin qophaa’uu qaba. Kaayyoleen barachuu fakkeenyaaf beekumasa, hubannoo, hojii irra oolchuu, gocha walitti fiduu, xiinxaluu, madaaluu ta’anii yeroo boqonnichi fudhate, boqonnicha xumuruuf

xiyyeeffannaan barsiisaan kenne gadi fageenyaan hagam akka barsiifame, mala barsiisuu boqonnichaaf qabameef xiyyeeffannaa kenna.

## **2.2. Bulchiinsa Qorumsa Daree**

Kutaa qorumsi keessatti kennamu qopheessuun ga'ee hojii manneen barnootaa qorumsa fudhachiisanii ta'ee, kutaan qophaa'u wantoota armaan gaditti tarreeffaman guutee argamuu qaba

- Qulqullinni daree kan eegame, fakkiin, chaartiin, kaartaa fi kan kana fakkaatan daree barnootaa qorumsi keessatti kennamu keessatti maxxanfamuu hin qaban; yoo dura kan maxxanfaman ta'es ka'uu qabu. Kaasuuf rakkisaa yoo ta'e akka hin muldhannetti huwwifamuu qabu.
- Dareen qorumsi keessatti kennamu ifa gahaa ta'e kan qabu ta'uu qaba. Darichi aduu fi bubbee galchee qoratamtoota fi qortoota kan hin jeeqne ta'uu qaba.
- Teessumnii fi minjaalli qoratamtoota daree tokko keessatti argaman haala istaandardii barnootaatiin kan guutame ta'uu qaba. Bal'inni daree qorumsi keessatti kennamu haala istaandardiitii ol yookan gadi yoo ta'e haala qabatamaa mana barumsichaatiin gurmaa'uu ni danda'a.
- Qormaanni kennamu haala qabatamaa mana barumsichaa irratti hundaa'ee kompiitaraan, maashinii waraqaa baay'isaatti fayyadamuudhaan baay'isuun, yookiin gabatee gurraacha irratti gaaffilee qorumsaa barreessuun ta'uu ni danda'a.
- Qorumsi daree kalandarii barnootaafi sagantaa qorumsaa irratti hundaa'ee haala sagantaa manni barnootaa baafatuun barattootaaf kennama. Manni barumsaa dursee saganticha barattoota beeksisuu qaba.
- Bulchiinsi qorumsa daree olantummaan kan gaggeeffamu hoogganaa mana barnootichaan ta'ee koree kenna qorumsa daree hordofu manneen barnootaa keessatti dhaabbatee hojii isa irraa eegamu ni raawwata

### **2.2.1. Caaseffama Koree Qorumsaa Daree:**

- Itti Aanaa Dura Bu'aa Mana Barumsaa -----Walitti Qabaa
- Qindeessaa yuuniitii -----Barreessaa
- Waldaa Bu'uuraa Barsiisotaa -----Miseensa
- Qindeessitoota Geengoo Qulqullina barnootaa muummee barsiisotaa Saayinsii Uumamaa, Saayinsii Hawaasaa, Herregaa fi Barnoota Afaanii irraa barsiisota tokko tokko waliitti namoonni 4----- Miseensa

Bakka manni barumsaa itti aanaa hin qabnetti dura bu'aan mana barumsaa walitti qabaa koree ta'a.

### **2.2.2. Gahee Hojii Koree Qorumsa Daree:**

- Meeshaaleen qorumsaaf barbaachisan akka guutaman ni hordofa.
- Sagantaa qorumsaa baasee barsiisonniifi barattoonni dursanii akka beekan ni taasisa.
- Kutaaleen qorumsaa kenninsa qorumsaaf mijataa akka ta'an ni taasisa.
- Ramaddii qortootaafi qoratamtootaa daree dareedhaan ni gaggeessa.
- Icciiitii qorumsaa eeguun waraqaaleen gaaffii akka baay'atan ni hordofa.
- Barattoota seera qorumsaa cabasan irratti tarkaanfii naamusaa ni fudhata.
- Barsiisota hanqina naamusa uuman koree GMBB mana barumsaatti dhiyeessuun tarkaanfii irratti ni fudhachiisa.

### **2.2.3. Dirqama Qoratamtootaa**

- Qoratamtoonni meeshaalee barnootaa isaan barbaachisu akka qabataniin kutaa qormsa seenan hayyamameef kan akka iskiriipto, qubeessaa, haqxuu qubeessaa, waraqa eenyummaa qabataniin kutaa qorumsi itti kennamu seenuu ni danda'u.
- Barataan qorumsa qoramuuf gara mana barumsaa dhufu yunifomii mana barumsichaa uffachuu qaba.
- Kutaa qorumsi itti kennamaa jiru keessatti qoratamtoonni waliin haasa'uu hin qaban.
- Qoratamtoonni bakka taa'umsaaf hayyamameef qofa taa'uu qabu.

- Qoratamtoota kutaa 7<sup>ffaa</sup> fi isaa ol barataniif yeroo qorumsi kennamu waraqaan eenyummaa isaanii minjaalarraa dhabamuu hin qabu.
- Qoratamtoonni osoo qorumsi hin eegalin daqqiqaa 10 dursanii kutaa qorumsi itti kennamu seenuu qabu.
- Qoratamaan qorumsi eegalee sa'aatii qorumsichaaf hayyamame keessaa 30% osoo hin xumuramin kutaa qorumsaatii bahuu hin danda'u. Akkasumas qorumsi eegalee sa'aatii qorumsichaaf qabame keessaa 30% erga darbee booda kutaa qoramuusaa seenee qoramuu hin danda'u.
- Qoratamaan sababa dhukkubaatiin yookaan du'a maatiitiin qorumsa daree osoo hin fudhatin hafe ragaa barreeffamaa qaama dhimmi ilaalu irraa hoogganaa mana barumsichaatti dhiyeeffatee karaa koree qorumsaa akka murtii argatu ta'a. Dhukkuba yoo ta'e ragaa mana yaalaa dabalataan dhiyeeffachuu qaba.
- Yeroo qorumsi kennamu qoratamaan gaaffii yoo qabaate harka baasee osoo sagaleen hin dhageessisin yammuu qoraan isa bira gahu gaafachuu qaba.
- Qoratamaan kitaabilee, yaadannoo, suuraa, fakkii, mobaayiliifi meeshaalee elektironiksii biroo qabatee kutaa qorumsi itti kennamu seenuu hin danda'u. Haa ta'u malee, meeshaalee barsiisaan qorumsaa qopheesse hayyame qabatanii kutaa qorumsi itti kennamu seenuu ni danda'a
- Yeroo qorumsi kennamu rakkoon fayyaa qoratamaa yoo qunname qoraan of-eeggannoon yoo hayyameef qofa kutaa qorumsa keessaa bahuu fi seenuu ni danda'a.
- Qoratamaan gaaffilee qorumsaa akka qoramu kenameefiin ala barreeffamoonni biroon harkatti argamuu hin qaban.
- Yeroo qorumsi kennamu qoratamaan maqaa isaa, lakkoofsa isaa akaakuu barnootichaa fi kkf.haala waraqa deebii qorumsaa irratti qophaa'uun barreessuu qaba.
- Yeroo qorumsaaf qabameen ala nama turee dhufeefi, nama rakkoon addaa qunnameef yeroon dabalamu hin jiru.



- Xumura yeroo qorumsaa irratti qoratamaan waan barreessu **dhaabee** hanga qoraan waraqaa deebii funaanutti teessuma isaa irra callisee taa'uu qaba.
- Qoratamtoonni kutaa qorumsi itti kennamu keessatti hancaqqee alalfachuu, qoobii kaawwachuu, uffata haguuggachuufi meeshaalee walirraa ergifachuun hin danda'amu.
- Qoratamtoonni tamboo xuuxanii, jimaa qama'anii, dhugaatii macheessu dhuganii gara kutaa qorumsaa dhufuu hin qaban.

#### **2.2.4. Qaro Dhabeeyyii**

- Qoraan tokko qaro dhabeessa tokkoof ramadama.
- Qoraan qaro dhabeessaaf ramadame osoo qaro dhabeessa hin jeeqin akkasumas hin ifatin qorumsa dhiyaate dubbisuufi qaba; yoo barreessuun barbaachise haala gaariin waan qaro dhabeessi dubbate barreessuu qaba.
- Qortoanni qoratamtoota (qaroo dhabeeyyii) yammuu qoran akka sagaleen wal hin jeeqnetti wal irraa faffaggeessanii teessisuu qabu.
- Qaro dhabeessi akaakuu barnootaatiin qorumsa fudhachuu isaa mallattoo qubaatiin to'annaa yeroo irratti mallatteessuu qaba.
- Qaro dhabeessi yeroo qabameef keessatti qorumsa fudhachuuf ittiin galmaa'e xumuruu qaba.
- Deebii qaro dhabeessi qoraadhaan naa barreessi jedheen ala yaada yookaan deebii mataa isaa barreessuu hin qabu.
- Qaroo dhabeeyyiin qormaata Herreegaa, Saayinsii Uumamaa fi barnoota fakkii qabu hin qoraman; barumsa kutaa keessatti baratan qofa qoramu.
- Qorumsi dareefi qorumsi naannoo (kutaa 8ffaa) barumsoota qaro dhabeeyyiin kutaa keessatti baratan qofa irratti hundaa'ee qaroo dhabeeyyiif qophaa'a.
- Qoraan qaro dhabeessa afaan Oromoo fi afaan Ingiliziitiin qoru afaanota lachuu kan beekuu fi sirriitti dubbisuu kan danda'u ta'uu qaba.

### **2.2.5. Dirqama Qoraa**

- Qoraan qoratamaa hanna deebii qorumsaa irratti bobba'eefi kuta qorumsaa jeeqe lakkoofsaa fi maqaa isaa qabatee dura bu'aa mana barumsaatti barreeffamaan dhiyeessuu qaba.
- Qoraan erga yeroon qorumsaa xumuramee booda akkaataa to'annoo maqaa qoratamtootaatiin waraqaa deebii qorumsaa lakkaa'ee tartiiba qubeetiin wal duraa duubaan qindeessee itti aanaa dura bu'aa mana barumsaatti yookaan qindeessaa yuunitiitti unka wal harkaa fuudhinsaaf qophaa'e irratti mallatteessisee kennuu qaba.
- Qoraan daqiiqaa 30 dura mana barumsaatti argamee gaaffilee qorumsaa akka qoru haala saganteeffameen waraqaalee gaaffii lakkaa'ee erga fudhatee booda dursee kutaa akka qoru itti ramadametti argamee waan isa irraa eegamu hunda raawwachu qaba.
- Qoraan qorumsa kennuuf erga ramadamee booda rakkoo humnaa ol ta'een yoo hafe sababa isaa mana barumsaaf gabaasuu qaba.
- Barsiisaan barattoonni akka qorumsa walirraa hin garagalchine sirritti eeguu qaba.
- Qoraan barattoonni kutaa qorumsi itti kennamu keessatti hancaqqee akka hin alalfanne, qoobii akka hin kaawwanne, uffata akka hin haguugganneefi meeshaalee walirraa hin ergifanne to'achuu qaba.
- Qoraan kutaa qorumsaa keessatti mobaayiliidhaan haasa'uu hin qabu.

### **2.2.6. Haalota Tarkaanfii Naamusaa Fudhachiisan**

#### **• Haalota Tarkaanfii Naamusaa Qoratamtoota Irratti Fudhachiisan**

Waraqaa deebii qorumsaa qoraatti kan hin deebisne, barataa biraa irraa deebii kan garagalchee fi kan garagalchiise, qoraa kan arrabsee, kan sodaachise, kan reebuu yaalee fi kan reebe, barataa biraa irraa waraqaa deebii humnaan fudhachuu kan yaalee fi kan fudhate, barreeffamoota adda addaa qabatee gara kutaa qorumsaa kan seene, machaa'ee kutaa qorumsaa kan seene, kan qorumsa hachisiiseefi kan ofii isaatiif hate koree qorumsaatiin qulqulleeffamee yoo mirkanaa'e firiin qorumsaa

barataan argate ni haqama. Qorumsoota itti aananii kennamanis akka hin fudhanne ni dhoorkama.

- **Haalota Tarkaanfii Naamusaa Qoraa irratti Fudhachiisan**

Waraqaa deebii qoratamaa kan gate, barattoonni otoo qorumsa walirraa garagalchani argee kan dhiise, deebii qorumsaa hojjatee barattootaaf kan raabse, qorumsa qoruuf ramadamee sababa quubsaa malee kan hafe, qabixii barattoota qabee of harka kan tursiise koreen qorumsaa qulqulleessee karaa hoogganaa mana barumsaatiin koree GMBBtti dhiyeessee tarkaanfiin naamusaa inni olaanaan akka irratti fudhatamu ni taasisa.

### **2.2.7. Filannoo fi Ramaddii Qortoootaa Qorumsa Daree**

- Qortoota ta’anii kan ramadaman barsiisota mana barnootichaa keessa jiran ta’u.
- Akkaataa sagantaa manni barumsaa baasuun qortoanni koree qorumsaatiin ni ramadamu.
- Barsiisaan naamusa qorumsaa eeguu irratti hanqinni kanaan dura qabu yoo jiraatee fi koreen qorumsaa beekumsa hoogganaa mana barumsichaatiin akka qoru yoo itti amanuu baate, hojii qorumsaa irratti qoraa taasisee ramaduu dhiisuu ni danda’a.
- Qoraan tokko daree itti qoru keessatti qorumsi naamusa eegee akka kennamu gochuuf itti gaafatamummaa ol- aanaa qabaata
- Daree qorumsaa tokkoof qoraan tokko kan ramadamu ta’ee, qorumsichi kan kennamu galma keessatti yoo ta’e, qortoanni haala qabiinsa dareetiin istaandardii sagantaa kenna qorumsaatiin (dareen tokko qoratamtoota 40 qabata haala jedhuun) shallagameet qoratamtoonni akkaataa galmichi qabachuu danda’uun erga ramadamanii booda qortoonnis dabalataan ramadamu.

### **2.2.8. Qabiinsaa fi Kenna Ragaa Barnootaa Qorumsa Daree**

- Qorumsi samisteera walakkaafi xumuraa irratti kennamu guyyaa qorumsi xumurame irraa kaasee guyyoota shan keessatti eeggannoon soroorfamee barataan firii argate akka beeku taasifamuu qaba

- Erga barataan firii qorumsaa ittiin qorame beekke booda sirreeffamni yoo jiraate akka sirreeffamu ta'ee sirrii ta'uun mallattoo barataan mirkanaa'uu qaba. Firiin barattoonni argatan kuusaa qabixiitti galmaa'ee karaa itti aanaa mana barumsichaatiin yookiin dura bu'aa mana barumsichaan mirkanaa'ee kutaa harshammeetti galii ta'a.
- Ragaan firii qorumsa daree kuusaa qabxii irraa maqaa waamaa dareetiin roostara irratti qulqullinaan haqaafi laaqaa tokko malee qophaa'ee mallattoo maqaa waamaa dareefi dura bu'aa mana barumsaatiin mirkanaa'ee chaappaan mana arumsichaa fuula hundarratti chaappeffamee kutaa harshammee taa'uu qaba.
- Ragaaleen barattootaa kan galma'an, kan qorumsa fudhaatan, kan qorumsa fudhatanii darban, kan qorumsa fudhatanii osoo hin darbin hafan, maqa, koornayaafi akaakuu barumsaatiin lakkoofsaa fi parsantiin (%) adda bahee qabamuu qaba.
- Kaardiin barataa yeroo hojjatamu odeeffannoon barbaachisu hundi kaardicha irratti kan guutamee fi haqaafi laaqaa kan hin qabne ta'uu qaba

#### **2.2.9. Qorumsa Qoramuuf Guyyoota Barattoonni Barumsa irratti**

##### **Argamuu Qaban**

- Barattoonni kutaa 1-4 tti barataa jiran kutaa tokko irraa gara kutaa itti aanutti cehuuf madaallii walitti fufaafi haala barbaachisummaa isaatinis qorumsaan kan madaalaman ta'us, istaandardiin barnootaa sadarka 1<sup>ffaa</sup> akka eegamu haala kaalendarii barnootaatiin waggaa tokko keessatti guyyoota barnootaa ramadaman keessaa yoo xinnaate **172** barachuu qabu. Guyyoota barnootaa semisteera tokkoof kennaman keessaa barataan **guyyoota 15** ol kan hin baranne yoo ta'e qorumsa xumuraa fudhachuu hin danda'u; bara itti aanu kutaa itti barataa turetti keessa deebi'ee haala seera qabeessa ta'een barachuu ni danda.
- Barattoonni kutaa 5 - 8tii barachaa jiran kutaa tokko irraa gara kutaa itti aanutti cehuuf madaallii walitti fufaa dabalatee qorumsa samisteeraa fi waggaatti kennamuun kan madaalaman ta'us, istaandardiin

barnootaa sadarkaa 1<sup>ffaa</sup> akka eegamu haala kaalendarii barnootaatiin waggaa tokko keessatti guyyoota barnootaa ramadaman keessaa yoo xinnaate **180** erga baratani booda qorumsa fudhachuu ni danda’u. Guyyoota barnootaa samisteera tokkoof kennaman keessaa barataan guyyoota **11 (kudhaa tokko)** fi ol kan hin baranne yoo ta’e qorumsa xumuraa fudhachuu hin danda’u. Garuu, bara itti aanu kutaa itti barataa turetti deebi’ee erga baratee booda qorumsa fudhachuu ni danda. Warri qorumsi Naannoo (kutaa 8<sup>ffaa</sup>) fudhachuuf qophaa’aniifi kanneen waggaa keessatti guyyoota barumsaaf qabame hin xumurre ulaagaa barbaachisu waan hin guunneef qorumsicha fudhachuu hin danda’an.

- Barattooni kutaa 9 - 12tti barataa jiran istaandardiin barnootaa sadarkaa 2<sup>ffaa</sup> akka eegamu haala kaalendarii barnootaatiin guyyoota barnootaa ramadaman keessaa yoo xinnaate **182** barachuu qabu. Guyyoota barnootaa waggaaf kennaman keessaa barataan guyyaa barnootaa semisteeraaf kennaman keessaa guyyoota **10(kudhan) fi ol** kan hin baranne yoo ta’e, qorumsa kutaa fi biyyoolessaa fudhachuu hin danda’u. Kanneen kutaa 9<sup>ffaa</sup> barataniif bara itti aanu bakki yoo jiraate irra deebi’anii erga baratani booda qorumsa fudhachuu ni danda’u. Barattooni kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> ragaa amanisiisaa ta'e mana yaalaafi qaama dhimmi ilaalu irraa yoo dhiyeffatan bara itti aanu keessa deebi'anii barachuun akka idileetti qorumsa biyyoolessaa fudhachuu ni danda’u.

#### **2.2.10. Bakka Qorumsi Daree Itti Qophaa’u**

- Barattoota kutaa 1 - 3 barataniif madaallin walitti fufaafi qorumsi walakkaa semisteeraa barsiisota daree sana barsiisaniin kan gaggeeffamu ta'ee, qorumsi xumura semisteeraa garuu geengoo qulqullina barnootaa muummee barsiisotaatiin akaakuu barnootichaan gurmeeffamaniin ni qophaa'a.
- Barattoota kutaa 4 - 8 barataniif madaallin walitti fufaafi qorumsi walakkaa semisteeraa barsiisota daree sana barsiisaniin kan

gaggeeffamu ta'ee, qorumsi xumura semistearaa garuu sadrkaa isaa eeggatee barsiisota dandeettiifi beekumsa isaaniitiin filatamaniin of eeggannoon deebii wajjin **Wiirtuu Gurmuu Manneen Barnootaatti** qopha'ee manneen barnootaaf ni raabsama.

- Barattoota kutaa 9 - 12 barataniif madaalliin walittifufaa barsiisota daree sana barsiisaniin kan gaggeeffamu ta'ee, qorumsi walakkaa semistearaa immoo geengoo qulqullina barnootaa muumnee barsiisotaa akaakuu barumsichaan gurmaa'aniin ni qopha'a. Qorumsi xumura semistearaa garuu sadrkaa isaa eeggatee barsiisota dandeettiifi beekumsa isaaniitiin filatamaniin of eeggannoon deebii wajjin **waajjira barnoota aanaa/bulchiinsa magaalaan** qopha'ee manneen barnootaaf raabsama.
- Kutaalee 8<sup>ffaa</sup>, 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> bakka qorumsa xumuura semistearaa lammaffaa barsiisota dandeettiifi beekumsa isaaniitiin filatamaniin of eeggannoon deebii wajjin qorumsi moodeelaa Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin qopha'ee soofti koppiin isaa manneen barnootaaf ni raabsama.

#### **2.2.11. Waraqaa Ragaa Irra Deebii Qorumsa Naannoo Kutaa 8<sup>ffaa</sup>**

Waraqaa ragaa irra deebii qorumsa Naannoo kutaa 8<sup>ffaa</sup> fudhachuu namni barbaadu:

- Ragicha argachuuf qaamaan bakka ragaan qorumsa Naannoo kutaa 8<sup>ffaa</sup> itti argamu deemuu qaba,
- Bakka bu'iinsaan ragicha argachuu namni barbaade ammoo xalayaa seera qabeessa mana murtii irraa bakka ragichi jirutti dhiyeeffatee ragicha argachuu ni danda'a.
- Waraqaan ragaa jalaa baduu, gubachuu fi sababa adda addaa namni dhiyeeffate, waraqaa irra deebii argachuuf sababni inni dhiyeeffate dhugaa ta'uu isaa waajjira poolisii irraa xalayaa fidachuu qaba.
- Waraqaa eenyummaa haaromfame qabaachuu qaba.

- Yeroo duraatiif qarshii 100 kafalee ragaa irra deebii argachuu ni danda'a.
- Yeroo lammataafi sanaa oliif ragaan na jalaa badeera jechuun ragaa irra deebii argachuu namni barbaade qarshii 150 kafalee ragicha fudhachuu ni danda'a.
- Kaardii irra deebii kutaa 8ffaa argachuuf kafaltiin abbaan dhimmaa kafalu humna namaa hojicha raawwatu, yeroo fi baasii waraqaaf bahu hunda bakka ni buusa jedhamee kan tilmaamu ta'uu baatus abbaan dhimmaa ragichaaf of eeggannoo akka taasisu gochuuf yaadameeti.

## Kutaa Sadii

### 3. Gahumsaalee Barattoota Irraa Eegamuufi Qaphixii Darbiinsaa Qorumsa Daree

#### 3.1. Gahumsaalee Barattoota sadarkaa tokkoffaa kutaa 1 - 4 irraa Egamu

Barattoonni kutaa tokko irraa gara kutaa itti aanutti darbuuf gahumsaaleen isaan guutuu qaban haala silabasii barnootaa keessatti kutaa kutaadhaan ibsameen ta'ee, waliigalaa yaad-rimeewwan gahumsaalee barnootaa dhimmoota kanaa gadi irratti kan bu'uureffatu ta'a. Keessatuu, sadarkaa tokkoffa kutaa 1- 4 irratti maloota madaallii walitti fufaa garaagaraatti fayyadamuu dhabuu wajjin wal qabatee rakkoolee jiran hambisuuf jecha qabxii madaallii waliitti fufaan barattootni galmeessan irratti dabalataan gahumsaalee armaan gadii barattootni goonfachuun isaanii geengoo qulqullina barnootaa muummeen mirkana'uu qaba.

#### **Gabatee1: Gahumsaalee Sadarkaa Tokkoffaa Kutaa 1- 4**

Lak	Akaakuu Barumsaa	Yaad-rimeewwan Gahumsaalee Barattootni Gonfachuun qaban
1.	Afaanota	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Dhaggeeffachuun deebii kennuu</li> <li>• Dubbachuun waa'ee isaanii fi nannoo isaanii ibsuu</li> <li>• Jechoota, himaa fi keeyyata gababaa dubbisuu</li> <li>• Qubeewwan, jechootaa fi himoota sirna tuqaaleetti fayyadamuun barreessuu</li> </ul>
2	Herrega	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Lakkoofsota hundaa, firakshinootaa fi deesimaalota adda baafachuun</li> <li>• Qoyyaboota arfan adda baafachuun ittii fayyadamuu</li> <li>• Safara kan akka hanga, dheerina, qabee safaruun agarsiisuu</li> <li>• Bocaalee garagaraa adda baasuu</li> <li>• Safara yeroo fi maallaqaa fayyadamuu</li> <li>• Paatarnii fi giraafii adda addaatti fayyadamuun fakkii bocaalee kaasuu</li> </ul>
3	Saayinsii Naannoo	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Fayyummaa qaama isanii, qulqullina naannoo isaanii eeggachuu</li> <li>• Waa'ee maatii, duudhaalee hawaasa naannoo, naamusa barbaachisu irratti hubannaa horachuu</li> <li>• Nannoo isaanii hubachuu</li> <li>• Beeyladdoota, bineensota, biqiloota faayidaalee isaanii wajjin adda baafachuun</li> </ul>
4	Barnoota Aadaa	<ul style="list-style-type: none"> <li>• Wantoota naannoo isaaniitti argaman adda baafachuun</li> <li>• Aadaafi hambaalee seenaa isaanii beekuu, kabajuu, kunuunsuu</li> <li>• Fayyaa fi nageenya isaanii eeggachuu</li> <li>• Dalagaalee qamolee nafa isaanii ibsuu</li> </ul>



### 3.2. Qabxiwwan Qorumsootaaf Kennaman

Qabxiwwan madaallii waliitti fufaafi qorumsoota adda addaa qabachuu qaban kanneen gabatee 2 keessatti kennamaniidha.

#### **Gabatee 2. Qabxiin Qorumsoota Madaalliiwwaniif semisteera Semisteeraan Kennamu**

<b>Kutaa (Grade)</b>	<b>Madaallii Walitti Fufaa %n</b>	<b>Madaallii Jidduu Semestaraa %n</b>	<b>Madaallii Xumuraa %n</b>	<b>Ida'ama %n</b>
1-4	50	25	25	100
5-8	30	20	50	100
9-12	20	20	60	100

Samisteera lammaffaatti kutaa 8<sup>ffaa</sup>, 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> qorumsi modeelaa akka madaallii xumuraatti kan fudhatamu ta'ee kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> 60%, kutaa 8<sup>ffaa</sup> immoo 50% qabata.

- Samisteera 1<sup>ffaa</sup> irratti haala **Gabatee 2** keessatti barreeffameen ida'amni Madaallii Walitti Fufaa, Madaallii Jidduu Samistaraa fi Madaallii Xumuraatiin 100 irraa shallagamee sadarkaan barattootaaf bahee roostara irratti galmaa'a.
- Samisteera 2<sup>ffaa</sup> irratti haala **Gabatee 2** keessatti barreeffameen ida'amni Madaallii Walitti Fufaa, Madaallii Jidduu Semestaraafi Madaallii Moodeelaa (kutaalee 8<sup>ffaa</sup>, 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup>) fi Madaallii Xumuraatiin 100 irraa shallagamee sadarkaan barattootaaf bahee roostara irratti ni galmaa'a.

### 3.3. Qabxii Darbiinsaa

#### **3.3.1. Qabxii Darbiinsa Qorumsa Daree Kutaa 1 - 4**

Barattoonni kutaa 1-4 baratan madaallii walitti fufaa, qorumsa walakkaa samisteeraafi madaallii xumuraatiin madaalamanii qabaxii giddu galeessaa 50%fi isaa ol kan galmeessanfi gahumsaalee **Gabatee 1** keessatti ibsaman gonfachuun isaanii dabalataan Geengoo Qulqullina Barnootaa Muummeen yammuu mirkanaa'u kutaa tokko irraa gara

kutaa itti aanutti ni darbu. Barsiisaan barattoota kutaa 1-4 baratan barumsa yammuu barsiisu itti himuu osoo hin ta'in dandeessisuu qaba. Kanneen qabxii giddu galeessaa 50% gad galmeessan yookiin 50% fi isaa ol galmeessanii garuu gahumsaalee **Gabatee 1** keessatti ibsaman gonfachuu kan hin dandeenye yoo ta'e kutaa itti aanutti darbuu hin danda'an. Bara itti aanutti kutaa itti baratan keessa deebi'anii barachuu ni danda'u.

### 3.3.2. Qabxii Darbiinsa Qorumsa Daree Kutaa 5 - 12

Barattoota kutaalee shanaffaa ol jiraniif madaalliin walitti fufaa kan gaggeeffamu yoo ta'es irra caalaa gahumsiifi dandeettiin isaanii madaallii xumuraatiin waan madaalamaniif qabxiin darbiinsaa isaanii ida'ama madaallii waliitti fufaafi madaallii xumuuraa irratti kan hundaa'u ta'a.

#### **Gabatee 3: Qaphixii Darbiinsaa Qorumsa Daree**

<b>Baay'ina Akaakuu Barumsaa 50 gadi itti Argate/tte</b>	<b>Kutaa Itti Aanutti Darbuuf Qabxii Giddugaleessaa Galmeessuu Qaban</b>		
	<b>Kutaa 5-7</b>	<b>Kutaa 9</b>	<b>Kutaa 11</b>
<b>1</b>	<b>51%fi isaa ol galmeessisuu qaba</b>	<b>52%fi isaa ol galmeessisuu qaba</b>	<b>53%fi isaa ol galmeessisuu qaba</b>
<b>2</b>	<b>52% fi isaa ol galmeessisuu qaba</b>	<b>53% isaa ol galmeessisuu qaba</b>	<b>55% fi isaa ol galmeessisuu qaba</b>
<b>3</b>	<b>53% isaa ol galmeessisuu qaba</b>	<b>54% fi isaa ol galmeessisuu qaba</b>	<b>58% fi isaa ol galmeessisuu qaba</b>

- Barattootni akaakuu barumsaa hundaan 50%fi isaa ol argatan gara kutaa itti aanuutti ni darbu. Barattoonni akaakuu barumsaa 4n 50% gadi argatan kutaa itti aanutti dabruu hin danda'an.
- Qaphixiin barattoonni kutaa 11<sup>ffaa</sup> 50 gadi ittiin argatan barattoota saayinsii uumamaaf akaakuu barnootaa Afaan Ingilizii,

Herreega, Fiiziksii, Keemistirii fi Baayoolojiitiin **35% gadi** ta'uu hin qabu. Kanneen Saayinsii Hawaasaa barataniif immoo akaakuu barnootaa Herrega, Afaan Ingilizii, Siiviksii, Ji'ograafii, Seenaa, Ikonomiiksi fi Biizinasiiin 35% gadi ta'uu hin qabu. Kanneen akaakuu barumsa kanaa oliitti ibsaman keessaa tokkoofi isaa oliin 35% gadi argatan kutaa 12<sup>ffaa</sup>tti dabruu hin danda'an.

- Barataan qorumsa daree kutaa 11<sup>ffaa</sup> fudhatee gara kutaa 12<sup>ffaa</sup>tti dabruu hin dandeenye akaakuun barumsaa qorumsa kenname ittiin dabruu dadhabe adda bahee yeroon dhuunfaan itti qo'atu baatiin tokko kennameefii irra deebiin akka qoramu ta'a. Carraa kanatti fayyadamee yoo dabruu dadhabe ragaa kutaa 10<sup>ffaa</sup>tti fayyadamee gara leenjii ogummaafi teekiniikaatti kan deemu ta'a.
- Barattoonni kutaa 8<sup>ffaa</sup> irratti qorumsa Naannoo kutaa 8<sup>ffaa</sup> fudhatanii qaphixii darbiinsaa BBOon bara sana murteessuun kutaa 9<sup>ffaa</sup>tti dabru.
- Barattoonni qorumsa biyyoolessaa kutaalee 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> fudhatan qaphixii Ministeerri Barnootaa bara sana murteessuun gara kutaa yookaan sadarkaa itti aanutti dabruu ni danda'u.
- Barataan qorumsa biyyoolessaa kutaa 10<sup>ffaa</sup> fudhatee murtii bara barnootaa sana Ministeerri Barumsaa Federaalawaa Itiyooophiyaa kennuun yoo darbe kutaa 11<sup>ffaa</sup> galee barachuu ni danda'a. Rakkoon barataa kutaa 11<sup>ffaa</sup> galee barumsa isa hin hordofsiifne yoo isa qunname mana barnootichaa kutaa 11<sup>ffaa</sup> barachuuf keessatti galmaa'e irraa ragaa quubsaa rakkoo isaa ibsu dhiyeeffatee bara itti aanu qofa barachuu ni danda'a.
- Barataan kutaa 11<sup>ffaa</sup>tti sababa adda addaatiin qorumsa xumuraa osoo hin fudhatin hafe akka barumsa hin xumuurretti kan lakka'amu ta'a. Rakkoo du'a maatii yookin dhukkubaa yoo ta'e koree sirna barnootaan qulqulla'ee qorumsa xumuuraa akka fudhatu ta'a.
- Barataan madaallii walitti fufaa yeroo yeroon kennamu osoo hin fudhatin hafe madaallicha waan hin fudhanneef qaphixiin kennamuuf hin jiru; madaallii xumuraatis fudhachuu hin dhoorkamu. Firiin

madaallii walitti fufaa baratichi osoo hin fudhatin hafe zero ta'ee ni qabama; frii baratichi zeeroo ittiin argate madaallii xumuraatti erga ida'amee booda darbiinsi isaa ni mirkanaa'a.

- Barataan qorumsa daree fudhatee osoo hin darbin hafe waaggoota lama qofaaf irra deebiin barachuun ni hayyamamaaf. Dhimmi kun kutaalee 8<sup>ffaa</sup>, 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> hin ilaalu.
- Barataan qorumsa Naannoo kutaa 8<sup>ffaa</sup> osoo hin darbin hafe yeroo tokko qofaaf irra deebiin sagantaa idileetiin barachuun ni hayyamamaaf. Yeroo lammataaf osoo hin darbin yoo hafe dhuunfaan qorumsa fudhachuu ni danda'a.
- Barataan qorumsa biyyoolessaa kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi kutaa 12<sup>ffaa</sup> fudhatee osoo hin darbin hafe irra deebiin (idileen) baratee qoramuu hin danda'u.
- Barataan kutaa 10<sup>ffaa</sup> fi 12<sup>ffaa</sup> tiif foormii qorumsaa guutee waraqaa seensaa erga fudhatee booda qorumsa biyyoolessaa sababa dhibee, gadda(du'a) maatiin, rakkoo hawasummaa kanneen akka butiin osoo hin fudhatin yoo hafe karaa koree sirna barnootaa qulqulla'ee bara itti aanu irra deebiin baratee sagantaa idileetiin qorumsa fudhachuu ni danda'a. Sababa qubsaa tokko malee keessa deebi'ee barachuudhaaf jedhee erga waraqaa seensaa qorumsa biyyoolessaa fudhatee booda osoo hin qoramiin yoo hafe saganta idileen qoramuu hin danda'u.

### **3.4. Qajeelfamicha Fooyyessuu**

Qajeelfamni kun akkaataa barbaachisummaa isaatti Biiroo Barnootaa Oromiyaatiin fooyya'uu ni danda'a.

### **3.5. Qajeelfamoota Dhorkaman**

Qajeelfamoonni biroo qajeelfama kanaan waliitti bu'an hojii irra akka hin oolle qajeelfama kanaan dhoorkamaniiru.

### **3.6. Yeroo Hojiirra Oolmaa Qajeelfamichaa**

Qajeelfamni Bulchiinsa Qorumsa Daree kutaalee 1 -12 kun Ebla 22 bara 2010 irraa eegalee hojiirra ni ola.

Ebla 22/2010

***Finfinnee***

Tolaa Barisoo (PhD)

Hogganaa Biiroo Barnootaa Oromiyaa